

# Mirgoota Bu'uraa Dhukkubsattootaa Bulchiinsa Mineesootaa

## Kaayyoo Tumamuu Seeraa

Kaayyoon seera tumamee fi gaheen kutaa kanaa fedhii fi nageenyummaa dhukkubsattootaa fi raawwattoota kunuunsafayyaa cimsuufi. Tajaajilli fayyaa kamiyyuu dhukkubsattoota fayyadamtoota tajaajilaa taasisuuf, morgoota kanneen irraa daangessuu hin barbaachisuu. Namni dhukkubsatichaaf itti dhiyeenyaan eegumsa taasisu yookan raawwataan tajaajila fayyaa, yookan bakka namni dhukkubsataa dhiyeenyaan hordofu hin jirretti namni fedhii qabu biroo, bakka dhukkubsataa fi raawwataa fayyaa bu'eemirgoonni kunneen akka kabajamaniif gaaffachuu ni danda'a. Dhukkubsattoota namoota itti dhiyeenyaan isaan eeguuf qaama bulchiinsaa yookan haqaa irraa eeyyama seera qabeessa qaban, yookan raawwattoota kenniinsa tajaajila fayyaa, bakka bu'uudhaan namni fadhill qabu kamiyyuu mirgoonni kunneen akka kabajamaniif gaafachuu ni danda'a. Hojii gaariif hanga ta'etti, raawwiin hojiirra olmaa tajaajila kunuunsa fayyaa, haala yaada nama itti dhiyeenyaan dhukkubsataa hordofuu ilaalcha keessa galcheen gaggeeffamuu danda'a. Kaayyoon kutaa kanaa, dhukkubsataan kamiyyuu filannoowwan jiran beekuu fi murteewwan dhuunfaa isaa dabarfachuuriratti dhiibbaan akka irratti hin raawwatamne dabalatee, mirgi bilisummaa amantaa fi hawaasummaa isaa haala hin cabnetti, hanga danda'ametti mirgoonni kunneen tajaajila argatu keessattiakka hojiirra oolaniifi.

## Ibsawan

Kutaa kana keessatti "dhukkubsataa" jedhuun waldhaanamaa daran dhukkubsateef, fayyaa qaamaa fi sammuu isaa irratti, dhimma qorannoo yookan wal'aansaaf, tajaajila fayyaa saatii 24 oliif itti-fufiinsaan akka tajaajilamuuf yaadamee dha. "Dhukkubsataa" jechuun dabalataan, haala, Seera Bulchiinsa Mineesootaa bara 1986, Boqonnaa 326, kutaa 7 keessatti ibsametti, daa'imman sagantaa tajaajila fayyaa akka argatuuf eeyyamameefii dha. Ibsa kanaaf jecha, dabalataan, "dhukkubsataa" jechuun nama haala yeroo gabaabaa, sagantaa deeggarsa hawaasaa yookan sagantaawwan hawaasaa biroo bu'ureeffataniin wal'aansa sammuu argatauu dha.

## Labsii Imaammataa Ummataa

Fedhiin dhukkubsataa hundi akka kabajamuuf labsiin mirgoota bu'uraa dhukkubsataa ibsawan kanneen kan hammatuu fi garuu immoo kana qofaan kan daanga'u akka hin taane ta'ee imammataa ummataa akka ta'uuf labsameera.

### 1. Odeeffannoo Mirgootaa

Tajaajilamtooni wal'aansa argachuuf jedhan, tajaajila argatan keessattidhiyeessichi fayyaa, tajaajila fayyaa hawaasaa kennamuu yookan turmaata wal'aansaa hunda keessatti eegumsi mirgootaa seera qabeessa ta'an akka jiran, mirgoonni kutaa kana keessatti qabatamaan raawwachuu danda'anii fi barreeffamaan jiran akka argaman tajaajilichi yeroo jalqabuuf jedhutti itti himamuu qaba. Akkaataa kutaa 7 keessatti ibsametti, dhukkubsattooni sagantaa wal'aansa tajaajila fayyaaf kaadhimaman, akkaata kutaa 253B.04, qaama kutaa 2, keessatti dhiyatetti, ibsi barreeffamaa mirga, namoonni umuriin isaanii wagga 16 fi sanaa oloo ta'an bayuuf gaafachuu ibsuu qaba, akkasumas, maqaa fi lakkofsa bilbilaa namoota fi waldaalee hojii hubannoo



hojjatanii fi tajaajila seeraa fayyadamtoota sagantaa wal'aansaaf dhiyeessanii qabaachuu qaba. Namoota waliigaluu irratti hanqina qabanii fi namoota Afan Ingiliziitiin ala dubbataniif bifa amansiisaa ta'een haalli itti hubannoo argatan mijawuu qaba. Imaammanniwwan tataajilaa wayitaawaa, argannoowwan qorannoo oggansa fayyaa naannawaa fi bulchiinsaa, fi ibsiwwan mirgootaa biroo barreffamaan jiran, dhukkubsattootaaf, namoota dhukkubsattootatti dhiyeenyaan eeganiif, yookan bakka bu'ota isaanii oggansa yookan miseensa biroo ramadameen, akkaataa Boqonnaa 13, Seera Qabiinsa Ragaa Bulchiinsaa, fi kutaa 626.557, haala ga'eessota miidhamaniin walqabateen jiru dhukkubsattootaaf dhiyaachuu qabaata.

## **2. Naamusaan Keessummaayuu**

Dhukkubsattoonni qaxaramtoota yookan namoota tajaajila kunuunsa fayyaa kennaniin naamusaan qabamuu fi eenyummaan isaanii kabajamuuf mirga qabu.

## **3. Tajaajila Fayyaa Gahuumsa Qabu**

Fedhii dhuunfaa bu'ureeffachuudhaan, dhukkubsattoonni, kunuunsa dhuunfaa fi wal'aansa fayyaa gahuumsa qabu argachuuf mirga ni qabaatu. Kaffaltii raawwatuuf beenyaan kan kaffalamu yookan haarsaa dhuunfaa yoo hin taane, mirgoonni kunneen hojii irra hin oolan.

## **4. Eenyummaa Ogeessa Fayyaa**

Maqaan, teessoon hojii, lakkofsi bilbilaa, ogummaan ittiinbeekamtii fi kanneen biroo ogeessicha fayyaa tajaajilicha qindeessuu dhukkubsattootaan qabaatamuu yookan barreffafamaan kennamuufi qaba. Waantonni wal'aansicha keessatti akka raawwatamaniif hin gorfamne, akkaatuma ogeessi wal'aansicha hordofu galmee dhukkubsataa keessatti qabuun, odeeffannoowwan jiran, nama dhukkubsataa dhiyeenyaan eeguuf yookan nama biraa bakkab'uu ramadameef kennamuu qaba.

## **5. Walitti Dhufeenyaa Tajaajilawwan Fayyaa Biroo Waliin Jiru**

Dhukkubsattoonni tajaajilawwan qaama alaa irraa argatan, gaaffii dhiyaatuun, eenyummaan qaama dhiyeessuu itti himamuu qabaata. Odeeffannoon kennamu maqaa, teessoo, fi ibsa tajaajila qaama tajaajila alaa dhiyeessuu qabaachuu qaba. Waantonni wal'aansicha keessatti akka raawwatamaniif hin gorfamne, akkaatuma ogeessi wal'aansicha hordofu galmee dhukkubsataa keessatti qabuun, odeeffannoowwan jiran, nama dhukkubsataa dhiyeenyaan eeguuf yookan nama biraa dhukkubsataadhaan bakka akka bu'uuf ramadameef kennamuu qaba.

## **6. Odeeffanno Waa'ee Wal'aansaa**

Dhukkubsattoonni, bu'aa qorannoo dhukkubichaa, wal'aansa, filannoowwan, balaawan, fi raaga haala fuula duraa isaanii irratti odeeffanno wayitaawaa fi guutuu ta'e ogeessa fayyaaisaanii irraa argachuu qabaatu. Odeeffannoon kun haala fi afaan dhukkubsatichi ittiin hubachuu danda'a jedhamee amanamuun ta'uu qaba. Dhukkubsattoonni miseensa maatii isaanii yookan nama biroobakka bu'uu danda'uun hordofamuu danda'u. Odeeffannoon kun wal'aansi fi filannoowwan jiran, bu'aawwanfayyaa fi xiinsammuu hordofisiuu danda'an, qabaachuu qaba. Waantonni wal'aansicha keessatti akka raawwatamaniif hin gorfamne, akkaatuma ogeessi wal'aansicha hordofu galmee dhukkubsataa keessatti qabuun, odeeffannoowwan jiran, nama dhukkubsataa dhiyeenyaan eeguuf yookan nama biraa bakkabu'uuf ramadameef kennamuu qaba. Namoonni odeeffanno kana diduuf mirga ni qabu.



Namni kaansarii harmaatiin qabame hundi wal'aansicha jalqabuudhaan dura yookan yeroo wal'aansichi jalqabuuf jedhutti yookan yeroo turmaataa ishee keessatti, wal'aansa baqaqsanii hodhuu, raadiyooloiji, yookan keemooteeraappi yookan wal'aansawwan biroo walta'iinsaan kennamanii fi balaawwan filannoowwan hundi qabaachuu danda'an dabalatee, filannoowwan wal'aansaa bu'a qabeessa ta'an biroo jiraniifi ogeessichi hubachiisuu danda'u irratti odeeffannoo guutuuargachuu qabdi.

## 7. Karoora Wal'aansichaa Irratti Hirmaachuu

Miseensota Maatii Beeksisu:

- (a) Dhukkubsattoonni karoora kunuunsa fayyaa isaanii irratti hirmaachuuf mirga qabaachuu qabu. Mirgi kun carraa wal'aansaa fi filannoowwan jiraniiirratti kunuunsitoota dhuunfaa waliin mari'achuu, carraa walgayiwwan idilee kunuunsa irratti argamuuf gaafachuu fi hirmaachu, fi mirga miseensa maatii yookan bakka bu'aa filatame dabalachhhuu, yookan lameenuu kan dabalatuu dha. Yeroo dhukkubsataan argamuuhin dandeenyetti, miseensi maatii yookan bakka bu'aa biroo dhukkubsataan filatame walgayiwwanakkanaa irratti hirmaachu danda'a. Bakka bu'aa filatame deeggartuu deessuu dabalachuu danda'a.
- (b) Dhukkubsataan tajaajilamaa ta'e yoo kan of-beekuu hin dandeenye, of-wallaale, yookan hubannoonaan waliigaluuf kan hin dandeenye yoo ta'e, tajaajilichi akkaataa keewwata (c) jalatti ibsametti, yeroo balaa tasaatti akka argamuufiif barreffama teessoo dhukkubsatichi eyyameen miseensa maatii beeksisuuyookan tarkaanfii amansiisaa ta'e fudhachuu qabaata. Tajaajilichi dhukkubsatichaaf akka hinbarbaachifneefiif dursee yoo beekee fi sababa akka hin hirmaanneef itti amane yoo qabaate, yookan dhukkubsatichi miseensi maatii akka hirmaatuuf akka hin barbaanne barreffamaan yoo hin ibsineen ala miseensi maatii karoora baasuu wal'aansichaa irratti akka hirmaatuuf eyyamu qaba. Miseensi maatii akka hirmaatuuf beeksifamee garuu immoo, miseensi maatii karoora wal'aansaa irratti akka hirmaatuuf eyyamuun dura, dhukkubsatichi akkaataa sochii tajaajila fayyaa waliin deemuun murteewan wal'aansaa wanta isa irraa eegamu ilaachisee akka raawwatushun itti himame, raawwachuuun isaa ilaachisee tajaajilichi tarkaanfii amansiisaa ta'e fudhachuu qaba. Faayidaa kewwata kanaaf, "tarkaanfii amansiisaa" kanneen itti aanan dabalata:
- (1) qorannoowwan bu'aa dhukkubsataa dhuunfaa gaggeessuu;
  - (2) galmeewan wal'aansa fayyaa tajaajilicha harka jiran qorachuu;
  - (3) dhukkubsatichi ajajawanisaaf kennname dursee raawwatushun isaa, akkasumas, dhukkubsatichi ogeessa fayyaa biroo bira kan deemu ta'us dhiisus, tessoo yeroo balaa tasaa yookan miseensa maatii gaafachuu gaafachuu; fi
  - (4) dhukkubsatichi ogeessi fayyaa itti deddeebi'aa ture eenyu akka ta'e, yoo beekames, ajajawan kana dura isaaf kennman raawwachuu fi dhiisuu isaa gaafachuu. Tajaajilichi miseensa maatii yoo beeksise yookan yoo teessoo balaa tasaatiin wal-qunname yookan miseensa maatii karoora wal'aansaa irratti akka hirmaatuuf yoo eyyame, akkaataa keewwata kanaatiin, miseensa maatii beeksifameen yookan teessoo balaa tasaatiin wal-qunnameen yookan miseensa maatii karoora wal'aansaa irratti akka hirmaatuuf eyyame hordofee badii yookan sirrii ta'uu yookan iciti dhukkubsataa kan cabsu yoo ta'e tajaajilichi itti hin gaafatamu.



(c) Miseensa maatii yookan teessoo yeroo balaa tasaa kaayame beeksisuuf, hojji amansiisaa hojjachuuf, tajaajilichi miseensa maatii yookan teessoo yeroo balaa tasaa addaan baasuuf bu'aa hordoffii dhukkubsatichaa fi gal mee tajaajila fayyaa dhukkubsatichaatajaajilicha keessa jiru qorachuu qaba. Tajaajilichi miseensa maatii yookan teessoo yeroo balaa tasaa dhukkubsatichaa erga tajaajilaaf eyyamamee saatii 24 keessattiargachuuf kan hin dandeenye yoo ta'e, ejensii tajaajila hawaasummaa biyyalessatiif yookan ejensii raawwii seeraa naannawaatiif, dhukkubsatichi akka tajaajilamuuf eyyamame miseensa maatii fi teessoo balaa tasaa akka argachuuf hin dandeenye beeksisuu qabu. Ejensiin tajaajila hawaasummaa biyyalessaa fi ejensiin raawwii seeraa naannawaa, tajaajilichi miseensa maatii fi teessoo balaa tasaa akka adda baafatuuf gargaaruu qabu. Ejensiin tajaajila hawaasummaa biyyalessaa fi ejensiin raawwii seeraa naannawaa, gargaarsa tajaajilichaaf taasisan hordofetarii badii dhufuun walqabatee, miseensa maatii beeksifameen yookan teessoo balaa tasaatiin wal-qunnameen dogongorri yookan icitiin dhukkubsataa kan cabe yoo ta'e ejensichi itti hin gaafatamu.

## **8. Itti-fifiinsa Kunuunsa**

Dhukkubsattooni akkaataa imaammanni tajaajila eyyamuun ammentaa yeroo fi itti-fifiinsa hojji hojjataan fayyaa akka raawwatuuf kennameefiin, haala amansiisaa ta'een kunuunfamuuf mirga ni qabaata.

## **9. Mirga Kunuunsa Diduu**

Odeeffannoo qaama kutaa 9 irratti taa'e bu'ureeffachuudhaan dhukkubsataan gahuumsa qabu mirga wal'aansa diduu ni qabaata. Yoo dhukkubsatichi haala jiru hubachuu kan hin dandeenye ta'ee garuu akka gahuumsa hin qabne qaama seeraatiin akka deeggarsa barbaadu murtaa'ee hin jiru yoo ta'e, yookan yoo ulaagaaleen seeraa mirga diduu isaa kan daangessan ta'e, haalliwwan waliigalaa jiran bifa guutuu ta'een ogeessicha fayyatiin gal mee wal'aansa namichaa keessatti kaayamuu qabu.

## **10. Yaalliwwan Qorannoo**

Dhukkubsatichi yaalii qorannoo irratti hirmaachuu isaatiin dura odeeffannooyeyyamaa, barreeffamaan kennamuun dirqama. Dhukkubsattooni mirga hirmaachuu diduu ni qabaatu. Eyyamnis ta'ee diddaan gal mee wal'aansa dhuunfa keessatti qabamuu qabaata.

## **11. Keessummeessa Naamusa Hin Qabne Irraa Bilisa Ta'u**

Dhukkubsattooni akkaataa Seera Eegumsa Ga'eessota Miidhamanii keessatti ibsamett qabiinsa naamusa hin qabne irraa bilisa ta'u qabu. Keessummeessa naamusa hin qabne jechuun, akkaatuma kutaa 626.5572, qaama kutaa 15, keessatti ibsametti, yookan ilaalcha idilee fi wal'aansaan alaatiin miidhaa qaamaa yookan dararama yookan naamusa dalagaa dhiphina sammuu fi miiraa kan uumu jechuu dha. Dhukkubsataan kamiyyuu, yoo haala qabatamaan mul'atuun balaawan tasaan hin taaneen ala, yookan ogeessa fayyatiin qoratamee barreeffamaan ragga'ee yeroo murtaa'eef yoo ta'een ala, fi dhukkubsataan of-irratti fi nama biroo irratti balaa geessisuuf yoo ta'e qofaan ala, dirqisiifama keemikaalaa wal'aansaaf hin taanee fi qaamaa irraa bilisa ta'u qaba.

## **12. Icitii Eeguu Wal'aansaa**

Akkatuma sagantaa fayyaa fi kunuunsa dhuunfaa isaaniitti, dhukkubsattoonni mirga kabajamuu fi icitiin isaanii eegamuu ni qabaatu. Dhimmootni marii, gorsi, qorannoona, fi wal'aansi icitummaa isaanii bifa eegamee fi haala mufanna hin uumneen gaggeeffamuu qabu. Yeroo manni fincaanii fayyadamu, qaamni dhiqatamutti, fi sochiiwwan qulqullina dhuunfaa gaggeeffamanitti, yoo nageenyummaa fi deeggarsaaf namni barbaachiseen ala qofaaf icitiin dhimma bayachuun kabajamuu qaba.

## **13. Icitiin Qabamuu Galmeewwanii**

Ragaawan dhuunfaa isaanii fi wal'aansa isaanii icitiin qabamuu isaanii dabalatee, ragaawan isaanii nama biraa kunuunsichaan ala jiraniif kennuu fi diduuf kan danda'an ta'uu isaa dhukkubsattootaaf mirkanaa'u qaba. Garagalchi galmeewwanii fi odeeaffannoowwan barreeffamaa galmicha keessa jiran haala qaama fi kutaa 144.335 tiin argamuu qabaata. Mirgooniunneen gamaaggamaa fi qoranno komii Bulchiinsa Damee Fayyaa, raawwii waliigaltee kaffaltiitiif qaama sadaffaan gaafatamu, yookan haalawwan ajaja seeraa irratti hojiirra kan oolan hinta'u.

## **14. Tajaajilawwan Jiran Ibsuu**

Tafaajila argachuuf yoo jedhanitti yookan yeroo turmaata isaaniitti, kaffaltii dabalataatiin tajaajilawwan durgoon argaman, kaffaltii manaa fi kan biroo argamuu danda'an irratti dhukkubsattoonni akka odeeaffanno argatan ta'uu qabu. Kaffaltii sagantaa deeggarsa meedikaalaalaa fi kunuunsa meedikaalaailaallatanii fi tajaajilliwan kanatti aansee ibsaman kam-kamiif akka kaffalamuuf akka ta'e dhukkubsattoonni akka odeeaffanno argataaniif tajaajilichi deeggarsa taasisuufqaba.

## **15. Tajaajila Deebii Kennuu**

Dhukkubsattoonni gaaffii fi fedhiin isaanii bifa barbaadamuu fiamansiisaa ta'een deebii akka argatuuf mirga ni qabaatu.

## **16. Icitii Dhuunfaa**

Dhukkubsattoonni, haala hawaasummaa, amantaa fi xiinsammuu isaanii waliin walmadaaluun, tokkoon tokkoon icitiwwan dhuunfaa isaanii, eenyummaa isaanii fi mallattoonaadaa isaanii gatii akka qabaataniif mirga ni qabaatu.

## **17. Komii**

Dhukkubsattoonni, akka dhukkubsattootaa fi lammileetti, turmaata tajaajila isaanii yookan adeemsa wal'aansaa isaanii keessatti, mirgoota isaanii akka beekanii fi akka itti fayyadaniif deeggaramuu fi jajjabeeffamuu qabu. Dhukkubsattoonni dhiphina, dhiibbaa, dirqisiifamuu, loogii, yookan haaloo bayamuu, akkasumas, sodaa tajaajila mulqamuu irraa bilisa ta'anii komii isaanii dhageessifachuu fi imaammannii fi tajaajilli akka jijiiramuuf hojjattoota tajaajilaa fi qaama biraa barbaadaniif yaadakennuu danda'u. Beeksisti adeemsa komii dhiyeffachuu keniinsa tajaajilicha yookan sagantichaa, akkasumas, teessoon fi lakkooftsi bilbilaa Wajira Keessummeessa Komii Tajaajila Fayyaa fi abbagar wal'aansa manaa naannawaa akkaataa Seera Moofaa Ameerikaa kutaa 307(a)(12)tti, bakka salphaatti argamuu danda'utti maxxansamuu qaba.



Tajaajilli dhukkubsataa daran dhukkubsatee fi kunuunsaaf of-bira jiraachisu hundi, sagantaan tajaajilaa kutaa 7 keessatti ibsame hundi, fi tajaajilli namoota lamaa ol ta'anii fi tajaajila wal'aansa sammuu yeroo gabaabaa kennan hundi, adeemsa komii dhiyeeffannaar barreeffamaa qabaachuu; haaluma kanaan, yoo xiqaate, adeemsalee hordofamuu qaban kan agarsiisu, deebii tajaajilaaf dabalatee daangaa yeroo kan kaayu, deeggaraan hubannoo dhukkubsataaf akka jiraatu kan kaayu, komii barreeffamaaf deebii barreeffamaa kan gaafatu, komiin furamu nama murtee madaalaawan yerootti kan murtaa'u ta'uu isaa kan ibsu. Komiiwan hospitaalotaa, akkaataa kutaa 7 keessatti ibsametti sagantaawwan tajaajilaa sagantaa wal'aansa sadarkaa duraa hospitaalaa, fi wiirtuuleen wal'aansa baqaqsanii hodhuu yeroo gabaabaa kutaa 144.691 fi komiiwan dhaabbilee kutaa 62D.11 adeemsa komii barreeffamaan dhiyeeffachuu akka ta'anittiilaalamu.

## **18. Walqunnamtiiwan Icitii**

Dhukkubsattooni namoota filatan waliin ta'uu fi walqunnamuuf, akkasumas, akkaataa Seera Mirga Fudhatamummaa Lammilee Bulchiinsa Mineesootaatti, tajaajilicha gadhiisuuf ni danda'u. Dhukkubsattooni kaffaltii isaaniitiin meeshaalee ogbarruu, barreeffamaa fi poostaa ni argachuu danda'u qabu. Xalayaawwan dhuunfaa ergaman otoo hin banaminii fi otoo namni biroo jidduu hin seenin abbaa ergameef gahuu qabu, yoo ogeessa fayyaatiin dhorkamee fi galmee meedikaalaa keessa kan kaayame ta'een ala. Bilbilli dhukkubsataan ittiin argamuu fi icitiin ittiin dubbatu jiraachuu qaba. Tajaajilli bakka dhuunfaa dhukkubsataaf mijeessuu hin dandeenye, haala amansiisaa ta'een icitiin bibilaa isaa akka eegamuufiif haala mijeessuu qabaata. Mirgi kun, ogeessi fayyaa kan hin gorsine akka ta'e galmee isaa keessatti haala taa'uun yoo ta'e, kan daangeffamu ta'a. Akkaataa Seera Eegumsa Ga'eessota Miidhamanii, Kutaa 626.557, qaama kutaa 14, keewwata (b) waliin deemutti. To'anno miidhamataajaajilaatiin saganteeffamee kan daangeffame yoo ta'e, mirgi kun kan daangeffam ta'a.

## **19. Meeshaalee Dhuunfaa**

Dhukkubsattooni haala eeyyamameen, mirgoota kanneen biroo irratti dhiibbaa hanga hin uumnetti, yookan sababoota rakkoo nageenyummaa fi fayyaa akka uumuu danda'u ogeessa fayyaatiin galmeen deeggaramee hanga hin kaayamnetti bakka uffannaa fi meeshaa qabaachuu ni danda'u. Tajaajilichi, yoo barbaachisaa ta'ee argame, meeshaalee badan yookan hatamaniif beenyaa ni kenna yookan bakka ni buusa.

## **20. Tajaajila Argachuuf Tajaajila Biroo Kennuu**

Sochiileen taasifaman sababa wal'aansa fayyaatiif, yookan kaayyoo bu'aa fayyaa fiduuf ta'ee galmee fayaa isaanii keessa haala jiruun ta'een ala, dhukkubsattooni hojii humnaa yookan tajaajila biroo tajaajila argataniif raawwachuu hin qaban.

## **21. Tajaajila Eegumsaa fi Hubannoo**

Dhukkubsattooni yeroo barbaachisaa ta'ee fi haala barbaachisaa ta'ee argame hundatti tajaajilawwan eegumsa mirgaa fi tajaajilawwan hubannoo uumuu argachuu irraa otoo hin daanga'in deeggarsa hubannoo akka argataniif, hojirra akka olchaniif, akkasumas mirgoota kutaa kana keessatti fi seeran ibsaman akka raawwatanaiif mirga qabaachuu qabu. Mirgi kun carraa dhukkubsataan bakka bu'aa tajaajila mirgootaa fi tajaajila hubannoo uumuu waliin icitiin walqunnamuu dabalachuu qaba.



## **22. Mirga Walqunnamuu Ibsuu fi Lamaan**

Tajaajilaan walqabatee seerri federaalaa namoonni bililanii fi qaamaan dhufan beekamtiin ala akka dhukkubsataa argataniif haala dhorkuun, dhukkubsatichi, yookan namni seera qabeessa isa eeguu fi kunuunsu carraa dhukkubsatichi jiraatee fi dhiisee isaa nama bilbilu yookan qaaman dhufuuf ibsuuf murteessuu kennamuufii qaba. Hanga danda' ametti namni dhukkubsaticha eegu eeruu kennuudhaan dura yaada eeruu irratti miira dhukkubsataa ilaalcha keessa galchuu qabaata.

Akkaataa boqonnaa 145Ctta dhukkubsataan nama akka tajaajila fayyaa dhiyeessuufiif beekamtii kenneefiifiin ilaalamuu fi akakaataa keewwata 22tti nama akka tajaajila fayyaa dhiyeessuufiif beekamtii kenneefiifiin ilaalamuu fi murtee fayyaa akka dabarsuufiif taasisuuf mirga ni qabaata.

Tajaajilichi jalqabuudhaan dura, dukkanbatichi, yookan namni seera qabeesa isa eeguu fi kunuunsu, carraa nama dhukkubsataa gaafachuuf itti dhiyeenya yookan firummaa qabuun akka gaafatuu fi dhiisu ogganuu, yookan murteewan fayyaa dabarsuuf namagahee bayatu beeksifachuuun isaanii dirqama. Namni ramadamu kun gal mee dhukkubsataa keessatti dirqama galuu qaba. Kunuunsa fayyaa irratti murtee dabarsuu ilaalchisee, ajajaan kunuunsa fayyaa yookan bakka bu'aan kunuunsa fayyaa boqonnaa 145C muudame, nama filatamee kaadhimamee fi keewwata kana keessatti ibsame caalaa sagalee qabaata. Namni walitti dhufeenya hin qabne dhukkubsataa yookan maatii isaatiin beekamuun eeramuu danda'a.

## **MIRGOOTNI DABALATAA SAGANTAALEE TAJAAJILA FAYYAA WAL'AANSA DAA'IMMAN FAYYADAMTOOTA KEEMIKAALAA YOOKAN DHUKKUBA SAMMUU YOOKAN TAJAAJILAWWAN DAA'IMMAN JEEQUMSA MIIRAA QABANII, SAATII 24 IRRATTI BU'UREEFFACHUUDHAAN:**

## **23. Loogii fi Dhiibbaa**

Akkaataa kutaa 7 keessatti ibsametti daa'imni tajaajilaaf eyyamameef tokko haalawwan balaawan tasaa dhukkubsatichi miidhaa qaamaa ofii fi kaan irraan geessisuun ala, miidhaa qaamaa fi loogii irraa bilisa ta'uuf mirga ni qabaa. Adeemsiwwan kunneen faayidaa leenjii naamusatif, seerawan sagantichaa hojiirra olchuuf, yookan, haala hojjataa hojjataaf uumuuf ooluu dhiisuu danda'u. Loogii fi dhiibbaan ajaja ogeessa fayyaa, ogeessa xiin-sammuu, yookan gorsaa xiinsammuu beekamtii qabuun, yoo tarkaanfii fudhatamu dhiibbaa hin fidne fi yeroo gabaabaaf qofa yoo ta'ehojiirra ooluu danda'a.

## **24. Karoora Wal'aansaa**

Daa'imni dhukkubsataan sagantaan tajaajila fayyaa eyyamameef, akkaataa kutaa 7 keessatti ibsametti, karoori wal'aansaa, rakkoo dhukkubichaa, kaayyoo ifaa karoorichaa, fi adeemsalee dhukkubsatichi yeroo turmaata jireenya mana yaalaa isaa itti akka gabaabbatuuf hojiirra oolu ibsu mirga barreffamaan argachuu qaba. Karoorichi, yoo barbaachisaa ta'ee argame, tarkaanfiawan hordoffii wal'aansaa fi tajaajila baay'isee gadi fageenyaan kaayuu dhiisuu danda'a. Hanga akka hirmaataniif isaan dandeessisutti, daa'imni dhuukubsataanfi maatiin isaa yookan ishee yookan namni isaaniif eegumsa taasisu karoora wal'aansichaa fi yeroo itti bayuuf karoorfame irratti hirmaachuu qabaatu.

**Gaaffiiwan yookan komiiwwan wal'aansa fayyaa yookan Mirgoota Bu'uraa  
Dhukkubsattootaa ilaallatan kanneeniif dhiyaachuu danda'u:**

**Boordii Raawwiwwan Hojiilee Fayyaa Mineesootaa  
(Minnesota Board of Medical Practice)**

2829 University Ave. SE, Suite 400  
Minneapolis, MN55414-3246  
Bilbila: (612) 617-2130  
(800) 657-3709

**Waajjira Iyyannoowwan Tajaajila Fayyaa  
(Office of Health Facility Complaints)**

P.O. Box 64970  
St. Paul, MN 55164-0970  
Bilbila: (651) 201-4201  
(800) 369-7994

**Gaaffiiwan tajaajila kunuunsa argachuu yookan otoo tajaajila hin xumurin bayou  
ilaallatan kanneeniif dhiyaachuu danda'u:**

**Kunuunsa Yeroo Dheeraatiif Abbagaar  
(Ombudsman for Long-Term Care)**

P.O. Box 64971  
St. Paul, MN 55164-0971  
Bilbila: (800) 657-3591 ykn  
(651) 431-2555 (naannawaa)

**Barreeffama Hospitaala Mineesootaa fiWalta'iinsa Kunuunsa Fayyaa. Afaan Hiikuuf kan deeggare Damee  
Fayyaa Bulchiinsa Mineesootaa Hiikaa kanaan walqabatee odoeffannoo dabalataatiif Damee Fayyaa  
Bulchiinsa Mineesootaa lakkofsa (651) 201-3701 kanaan qunnamaa.**

